



# Hafuura Qulqulluu Irratti

Qopheessaa:

Mark McGee

# Boqonnaa

Hafuura Qulqulluu:Seensa 3

Hafuura Qulqulluu: Bal'inaan 6

Wantoota 7'n Hafuura Waaqayyoof Malan 16

# Hafuura Qulqulluu:Seensa

Dubbii Waaqayyoo barsiisuun dachee kana irratti carraa ol'aanaa fi itti gaafatamummaa guddaadha. Tajaajila bara jalqabaa 1970 moota keessa wantan barachaa turee fi qabsiisan irraa barsiisaa ture irra deebiin nan ilaalan ture. Hanga ammaatti barumsa Waaqayyoo, Ol'aantummaa Waaqayyoo, Qulqullummaa Waaqayyoo, Sadan tokkummaa, Waa'ee Yesus, Yesus Maaliif akka Dhufe, Du'uu fi Du'aa ka'uu Yesus, Barcuma Firdii Kristos fi k.k.f irratti kennineerra. Yoo hin arganne ta'e, toora interneetii keenya irraa buufadhu. Amma garuu Hafuura qulqulluu irratti haa ilaallu.

[Barumsi kun kan waggaa 40 dura, an tiksoota barsiisaa tureedha. Toora interneetiii irraa ni argama.]

- Hafuurri Qulqulluun uumaadha. Uumama uumuu keessatti qooda fudhateera (Uumama 1:2)
- Waaqayyo jedhameera (Hoj.Erg 5:3-4)
- Inni Hafuura bara baraan jiraati (Ibroota 9:14)
- Inni aango qabeessa/hundumaa danda'a (Luqaas 1:35)
- Hafuurri qulqulluun waan hundumaa beeka (1 Qorontos 2:10-11)
- Inni bakka hundumaatti ni argama (Faarsaa 139:7-13)
- Inni hundumaa caala (1 Qorontos 12:6, 11)

Ragaawwan qaama qabaachuu Hafuura qulqulluu ibsan–

- In dubbata (Hoj.Erg 28:25)
- In barsiisa (Yoh 14:26)
- Cubbamoota irratti dhiibbaa geggeessa (Uumama 6:3)
- In jajjabeessa (Hoj.Erg 9:31)
- Dadhabbii keenyatti nu gargaara (Roomaa 8:26)
- In rifata-miira qabeessa (Isayas 63:10)
- In gadda (Efesoon 4:30)
- Jalaa diduu/ittiin mormameera (Hoj. Erg 7:51)

Hafuurri qulqulluun biyya lafaa keessatti namoota in amansiisa. (Yoh 16:8-11)

Hojii Hafuura qulqulluu nama amane keessatti –

- Lammaaffaa dhalachiisa/fayyisaadha (Yoh 3:3, 5)
- Keessa jiraata (Rooman 8:11)
- In diba (1 Yoh 2:20, 27)
- Qaama Kristositti dabala (1 Qorontos 12:13)
- In geggeessa (Yoh 16:13)
- Hojii gaariif adda baasa (Rom 15:16)
- In jajjabeessa (Yoh 14:16-26)
- Boqonnaa/gammachuu kennaaf (Roomaa 14:17)
- Kennaa kennaaf (1 Qorontos 12:3-11)
- Ija hafuuraa akka godhatan gargaara (Galatiyaa 5:22-23)

*Hafuura qulqulluu*

Hafuurri qulqulluun guyyaa hundumaa fi bara hundumaa gargaaraa, jajjabeessaa, geggeessaa fi barsiisaa keenya. Inni yeroo hundumaa nu keessa jiraachuun nutti dubbata, addumaan jireenya keenya Waaqayyoo wajjin akka godhannuuf nu gargaara.  Inn obsaa fi gara laafina guddaa akkasumas jaalala guddaa fi kabajaa addaa nuuf qaba.

# Hafuura Qulqulluu: Bal’inaan

I. Haffura Waaqayyoo: Qaama/Eenyummaa kan qabu

A. Eenyummaa Hafuura qulqulluu

1. Wanti qaama qabeessi tokko kan raawwachuu danda’u godha. (Yoh14:26)
2. Qaama biroon ni miidhama/gaddisiifama (Efesoon 4:30)
3. Kutaa macaafa qulqulluu hundumaa keessatti qaama qabeessa ta’uun isaa ibsameera.

B. Hafuurri Qulqulluun- Waaqa

1. Waaqa jedhameera (Hoj.Erg 5:3-4)
2. Amaloota waaqummaa hundumaa qaba (Ibroota 9:14)
3. Hojii Waaqayyo abbaan hojjetu hojjeta (1 Qorontos 6:11)
4. Qaama itti amanuu qabnu ta’ee ibsameera (Maatewos 28:19)

II. Hafuura Waaqayyoo: Uumama/jalqaba irratti

“Waaqayyo jalqabatti bantiiwwan waaqaa fi lafa uume; lafti bifa hin qabu, onaas ture; callabboo gadi fagoo irra duukkanatu ture, hafuurri Waaqayyoos irra in sosocho’a ture.” Uumama 1:1-2

“Hafuura” – *ruwach* .. qilleensa … *pneuma* .. qilleensa

“irra sosoco’a– *rachaph* … akkuma sinbirroon cucii ishee irra sosochootutti, bishaan gubbaa sosocho’aa ture.

III. hafuura Waaqayyoo: Seenaa keessatti

Macaafa qulqulluu yemmuu qorannu, hafuurri Waaqayyoo kakuu moofaa keessatti jireenya saba Isra'el keessatti bakka baayyeetti dubbatameera, akkasumas qaroomina saboota biroo keessatti qooda fudhateera… (dhalootaa fi tajaajila Yesus keessattis qooda fudhateera)

IV. hafuura Waaqayyoo: biyya lafaa keessatti

A. JYohaannis 14:16-17

1. Gorsaa (NIV) Jajjabeessaa (KJV) Gargaaraa (NASB) *parakletos*–"nama cinaa kan dhaabbatu"

Waajjira haqaa keessatti dhimma seeraaf bakka bu'uun kan namaaf dhaabbatu, dubbatu, faccisu. Jechichi dandeettii nama gargaaruu kan qabuu fi nama cimsuuf kan hojjetuudha.

2. H a f u u r a
   D h u g a a
   *aletheia*

Liqqisoota darban keessaa (14:6), Yesus ana dhugaan( *aletheia) jedhe*.

3. Yeroo hundumaa
   isinii wajjin jiraata
   *aion* – "bara "

4. Biyyi lafaa fudhachuu hin dandeessu - *lambano*–
   "fudhachuu, kan ofii godhachuu"

5. Isa beekuu ykn arguu waan hin dandeenyeef
   *theoreo* – "adda baasuu fi arguu" *ginosko* –
   "hubachuu fi beekamtii kennuufii"

Wanta hafuuraa hafuuraan adda baafachuun dandaa'ama. "JYesus akkas jedhe, olii yoo dhalatte malee mootummaa Waaqayyoo arguu hin dandeessu."

*eido* – "adda baafachuu, hubachuu"

6. Garuu isa in beektu
   *eido* – "adda baafachuu, hubachuu"

7. Inni isin keessa isinii wajjin waan jiraatuuf *meno* – "waliin jiraachuu, biratti hafuu"
   *sun* – tokkummaa
   *en* – iddoo/bakka adda ba'e kan ibsu

B. Yohaannis 15:26-27
   Hafuurichi inni dhugaan Kristoosiif dhugaa ba'a *martureo* – "
   dhugaa ba'uu, galmeessuu"

C. Yohaannis 16:5-11

1. Inni yemmuu dhufu biyya lafaatti cubbuu in argisiisa

   *elegcho* – “ dogoggora itti himuu, ifachuu, amansiisuu, ceepha’uu”

Dubbiin Waaqayyoo cubbuu namatti argisiisuun gara qalbii jijjiirrannnatti nama geessa. Akkasumas cubbamaatti cubbuu isaa argisiisuun itti in farada.

2. Waa'ee cubbuu, firdii fi qajeelummaa *hamartia*
   – "irraa kaachuu, gaddisiisuu"
   *dikaiosune* – " haqummaa ykn sirrii"
   *krisis* – "adda baasuu, itti faraduu, ceepha'uu/komee itti dheyeessuu
   a. Namoota natti hin amannetti, waa'ee cubbuu isaanii itti argisiisuun *pisteuo* – " itti amanuu"

   b. Waa'ee qajeelummaa , ani gara abbaa wanan deemuuf *hupago* – " irraa adda ba'uu, dhiisanii deemuu"

   c. waa'ee firdii, bitaa biyya lafaatti farada
   *krino* – "itti farada, in adaba "

V.Hafuura Waaqayyoo: Yoh14:26

1. "waan hundumaa isin barsiisa" *didasko* – "
   isin qajeelcha" *panta*
   – "waan hundumaa

2. “waan hundumaa isin yaadachiisa”
   *hupomimnesko* – “sirriitti yaadachiisuu, akka yaadatan gochuu” *panta* – “waan hundumaa”

B. Yohaannis 16:12-16

1. Gara dhugaa hundumaatti isaan geessa *hodegeo* – “karaa itti argisiisa” *pas* – “ hundumaa” *aletheia* – “ dhugicha/dhugaa”

2. Waan dhaga’e dubbata malee, of keessaa fuudhee hin dubbatu *laleo* – “hima, dubbata, haasa’a ” *akouo* – “ gurratti seenuu ( Yoh 15:15 wal bira qabuun ilaali)

3. Waan gara fuula duraatti ta’u isinitti hima
   *anaggello* – “ in labsa, in gabaasa”

Akkuma jirutti– “ waan dhaga’e, waan gara fuula duraatti ta’uuf jiru isinitti dubbata malee kan ofiisaa of keessaa fuudhee in dubbatu.”

Hafuurri Waaqayyoo ergamoota isaatti ibsee maal dubbatee? (1 Qorontos 2:1-16)
(Hub: “mul’isuu” jechuun *apokalupto* – “ waan haguugame ifa baasuu”)

4. Kristosiin ulfeessa "Inni"
   jechi jedhu isa sana
   *doxazo* – "giddisuu , ulfina kennuufii"

5. Ana biraa fuudhee isiniiti beeksisa *lambano* – " fuudhuu, harka keessa galfachuu"
   *anaggello* – " labsuu"

6. Kan Abbaa kan ta'e hundumtuu kan
   kooti *echo* – waan ofii/ qabeenya ofii

7. Waan ana irraa fuudhe ykn dhaga'e isinitti beeksisa *lambano* – "fudhachuu "
   *anaggello* – " labsuu, beeksisuu "

VI. Hafuura Waaqayyoo: nu keessatti

A. Nu kessa jiraata (1 Qorontos 3:16)

1. "isin mana qulqullummaa Waaqayyooti"
   *naos* – iddoo buufata hafuura Waaqayyoo

2. "hafuurri Waaqayyoo isin keessa jiraata" *oikeo* – mana godhatee keessa jiraachuu
   *en* – iddoo adda ba'e kan mul'isu

B. Qabdii keenya, ittiin mallatteeffamneerra (Efesoon 1:13-14)

1. "ittiin mallatteeffamtaniittu"

spragizo – chaappeffamuu

Bara jaarraa jalqabaa keesssa jechi Grikii "spragizo" kun xalayaa/ barreeffama ykn poostaa karaa deemu irra ka'uun kan ergamuudha. Chaappaan kun utuu hin ergamin dura seera qabeessummaa isaa mirkaneessuuf itti godhama.

Akka macaafa qulqulluutti chaappaan kun bu'uura irraa waan sadii bakka bu'a :

- Walii galtee bittaa fi gurgurtaa xumurame
- Abbaa qabeenyummaa
- Nageenya

2. "isa itti darbinee fudhannu sanaaf qabdii keenya"

*arrahabon* – walii galtee/mallattoo (bittaa fi gurtaan raawwatamuu) Modern Greek uses the word for an engagement ring.

*kleronomia* – dhaala, qabeenya dhaalan argatan

C. Ijoollee Waaqayyoo fi warra dhaalan nu godheera (Roomaa 8:14-17)

1."hafuura ilmaanummaatti isin guddisu fudhattan" huiothesia – guddifachaa, ilmaan taassisuu

Akka seer-luga afaan Grikiitti, Hafuura qulqulluutu ilmaanummaa (guddifachaa) tti guddisa. Isatu hojii kana raawwata. Jecha hariiroo mucummaa argachuu kan argisiisuudha. Orma kan ture maatiitti mirga dabalamuu argachuudha.

2. “dhaaltuu Waaqayyoo ta’uu fi Kristoos waliin dhaaluu”

*kleronomos* – ga’ee ykn carraa dhaalaa kan argate.

*sugkleronomos* – waliin dhaaluu, tokkoomuun waliin argachuu

D. Isaan qulqulleeffamuu (1 Peter 1:2)

“ hojii qulleessu hafuurichan”

*hagiasmos* – qulleessuu, xurii irraa adda baasuu

Ammas hafuurichumatu ofiisaatii qulleessa.

Warri fo’aman –

- Duraan dursanii beekumsa isaatiin kan adda ba’an
- Qulqulleeffamuuf warra adda baafaman
- Dhiiga Kristoosin dhaqachuun isaaf abboomamuuf warra adda baafaman

E. hafuura tokkoon cuuphamuun dhagna tokkotti dabalamuu
(1 Qorontos 12:13)
*baptizo* – keessa lixuu

Hafuura qulqulluudhaan cuuphamuudhaan dhaqna tokkicha sanatti dabalamne. Hojii kana kan raawwatu "Hafuura qulqulluudha"

"Itti" dabalamuu ibsa xumuraa raawwii waan tokkoo argisiisuudha.
"dhaqna" ykn *soma* - jechuun guutummaa qaamaa mul'isa

Hanga ammaatti waan hafuurri qaulqulluun kiristaanotaaf raawwatu ilaalleerra. Mee amma immoo kristaanota gargaaruuf maal akka hafuurri qulqulluun fedhu haa ilaallu

F. Walitti fufiinsaan/yeroo hundaa nu qulleesssu fedha. (1 Tasloniqee 5:23) "isin haa qulleessu"
*hagiazo* – qulleessuu
*holoteles* – hamma xumuraatti

G. Nu guutuu fedha (Efesoon 5:18)
"hafuura qulqulluun guutamaa"
*pleroo* – ittiin guutamuu

Thayer's Lexicon akka ibsutti – " wanta keessa namaa guutee nama mo'etu, guutuu jedhama"

Irratti mo'uu argisiisa.

H. Ija akka godhannu/qabaannu fedha (Galaatiyaa 5:22)

"ija hafuuraa"

*karpos* – ija

Gochaa hafuurri Waaqayyoo nuuf godhu kanaaf, nu immoo maal haa goonuuf?

# Wantoota 7'n Hafuura Qulqulluuf malan

1. Isa jaallachuu
2. Isa waaqessuu
3. Isaaf bitamuu
4. Isa waliin hojjechuu
5. Isaaf abboomamuu
6. Isa gaddisiisuu dhiisuu (Ef 4:30) *lupeo* – gaddisiisuu, miidhuu
7. Ibidda hafuura qulqulluu bobeessuu ykn dhaamsuu irraa ofeeggachuu (1 Tas 5:19)

*sbennumi* – ibidda dhaamsuu

[barumsi kun bara 1970 moota keessa garee tiksootaaf kan qophaa'e ture. Namoonni barbaaddan marsariitii keenya irraa buufachuu dandeessu.]

Copyright © 1990-2017 GraceLife Ministries